


Antiraaksiin (Anthrax)

Antiraaksiin Maali (anthrax)?

Antiraaksii jeechuun dhibee kan jarmii

(bakteria) dhaan dhufuudha. Karaa baayee nama dhukkubsachisuu danda'a, akkaata ati dhibee kana irratti kufteetu murteesa. Dhibeen kuni gogaa qaama kee akka ini madaa'u yookaanis akka nyaati garaa kee keessattii akka yaadame itti hinhojjeene godhaan akka



*Antiraaksiin
bakteria/jarmii*

waan sumii nyaate (food poisoning) si godha. Dhibee inni kara biroo siitti fiduu danda'u - "Afuura baafachuu si dhorka" (inhalation) Egaa dhumi antiraaks (anthrax) - yammuu ati antiraaksii kana afuura ofii kee keessatti fuudhatee booda jarmiini kuni (bacteria) miliikita isa guyyaa torba keessatti agaarsiisa (garuu yeroo hunda guyyaa lama haga shanii keessatti agarsiisa) eeg ati dhibee kanatti kufftee jalqabeeti. Miilikiini dhiibeen kuni agarsiisu akkaata itti si dhukubuu danda'etti. Kunis armaa gadditti akka argaamu kana:

- **Kutaneewas (cutaneous) gogaa qaama (skin) antiraaks (anthrax)** gogaa qaama/nafa kee dhidhiteesa. Guyyaa tokoo haaga lamaatti akka waan gubatee ta'uudha fi madaa namaitti hindhaagamne ta' udhan (painless ulcer), walakaan madaa kana guraacha'a. Kana booda Limfi (Lymph glands) gogaa qaama keessatti kan argaamu hidii qaama tari dhiita'uu danda'a. Antiraaksi ini dhibee gogaa qaama namaitti fidu suni salphatti qoriicha antiibaayootiksi (antibiotics) jedhamuun walaanamuu danda'a.

- **Dhibeen antiraaks ini marumaani (Intestinal anthrax)** yeroo baayee beekama miti. Kani dhibeen kuni itti jalqabu garaa namaa dhukkubsuu, nyaata nama dhorkuu, nama balaqaamsiisu/olii nama guuruuti fi qaama nama gubuudhan. Egaa miliikiitoo (symptoms) isaani kani isaani ittifufaani garaa nama dhukubsuudhaan (abdominal pain) dhiiga nama balaqaamsiisu (vomiting of blood) fi garaa guddisee nama teessiisu/kaasuu dhani (severe diarrhea) dha. Yoo dhibee gara kani Intestinaal jedhamu (Intestinal anthrax) jedhamu qabaate yeroo dhaan dafttee qoriicha antiibaayootiksi jedhamuun yoo walaanamte baayee dhima baasuu danda'a/barbaachiisadha.
- **Dhibee Antiraaks isa kara qileensaa somba namaitti seenu (inhalation anthrax)** kani ini jalqabu akaakuu qufaa adda addatiin (nama qufaasiisu, qaama namaa gubuu, qaama/nafa namaa hundumaa cacaabsu/dhukubuu dhaani). Tarii guyyaa lamaatti haga guyyaa sadiitti, kana booda haga gyaa sadiitti waan irra bade fakkaata. Kana booda dhibeen sun itti deebi'ee dhukubsachiisa, afuura baafachuu dhorka fi gagaabsuutu ta'a. Yoo walaanamuu baate, antiraaks inni kara sonbaa namatti galu baayisee hamaadhaharka dhiba keessa hark 90 ni du'uu. Yeroo bara 2001 gaagaa'amni antiraaks osoo walaanamni harka dhiba keessaa harki 40 du'aa turan.

Attamittii antiraaksiin qabamuu dandeessa?

Yeroo inni itti qaama ala, jarmii antiraaks (anthrax bacteria) jabaan tolfamu, kan irraa ittisee qabu spoori kan jedhamu (protective

Antiraaksiin (Anthrax) – Fuula 2

coating a spore) dha. Yeroo antiraaks ispoorii formiin (spore form), antiraaksi ajeesuun salphaa miti. Ispoorni uumamaan biyyee nkeessatti argaamu, lafa isaan itti barootii dheeraaf jiraatuu danda'an. Bineesooni mana kana horii/saootii, hoolootaa, fardoolii, fi reetoota kuni dhukubsaachuu danda'u yoo antraaks lafa keessa jiruu wajiin waliitti bu'an.

Namooni dhibee/dhukuba antiraaks kanaan dhukubsaachuu danda'u yoo horii dhukubsatu kana itti buu'an, yoo kirii suufii horii sanaitti jiru fi waan tokko tokko horii sanaitti waan argaman itti buu'aniidha, ykn yoo fooni horii antiraaksiin dhukufaate sanaa nyaatanidha. Biya Ameerika (U.S.) antiraaksiin namaa beekaamaa miti. Baay'ee xiqqoodha.

Gaagaa'amni dhibeen antiraaks in bara 2001 itti ta'eitti nmoon dhibee lamaanu kan isaan argaachuu dana'aan kara qileensa liqimfameen kan dhufuu fi kan kara googaa qaama namaatti ba'uudhaan kan dhufaan karaa xalaayaa dhibee kana baatuuti. Akkasumas yaadoon jiru tokko jarmii (bacteria) qileensa keessatti gaddhiisuu-dhaan bakka/bikka namooni baayeen waliitti qabaamni jiranitti yoo gaddhiifame dhiboota antiraaks isa karaa qileensa dhufu fiduuf jira.

Antiraaksiin nama dhukkubsatu irraa nama qabuu ni danda'a?

Miti! Dhibee kana kan ati argachuu dandeessu antraaks ispoorota isaa (spores) kara somba keeti ofi keessatti harkiifte dha, yookaan fooni bade yoo nyaate ykn ispooriti suni gogaa qaama keeti wajiin waliitti buu'an. Namooni dhibee antiraaks qaban dhibee kana namatti dabarsuu hindanda'an.

Ba'ani balaa nama irratti fiduu dandaan too'aata:

Antiraaksi akka meeshaa lolaa itti dhimma ba'aamee ji'a Oktoober 2001 keessa antiraaks spooroota (anthrax spores) namni digdaamii lama dhibee kanaan qabamee namni shan dhibee kanaan duu'eera. Namoota digdaamii lama/22 akka dhibee kana qaban beekame, isaan kana keessa namoota shantuu/5 du'e.

Ameerikaa (U.S.) fi biyyaatiin duri Soviit Union (Soviet Union) jedhaman akkaata antiraakisi (anthrax) jedhamu kana akka meesha waraansitti dhima itti ba'ani kara itti barbaada turan. Akkasumas biyyooti biroo illee hara akka kara kana duuka bu'aa jirani yookanis yaalaa jiran ni amaanaama.

Antiraaksi (anthrax) akkaata adda adda itti dhimma itti ba'amee nagaa namaaf rakkoo fiduu danda'u kan too'atan Ameerikaa (U.S.) keessa jiru. Inni kunis sidsi (CDC) jedhama. Hiikan isaa Goodina kan Dhibee/Dhukuba too'atee ofi jala oolchu fi Itiisa Dhibee/dhukuba godhu. Innisi kani inni hojjeetu dhibee kara meeshaa shororekeesiitu (possible bioterrorism) itti dhima:

- Yoo dhibeen kuni nama irra gara namaatti hindarbu iyyuu ta'e, baayee salphaadha dhibee kana fafaacaasuun.
- Dhibeen kuni nagaa nama irratti dhiibbaa guddaa qaba, akkasumas akkaata itti du'ii namaatti dadafee dhufu fiida (high death rate).
- Rakkoo bayee kan soda irratti uumamee fi akka namni nagaan hojjeete nagaan hingale nama godha.
- Qopheen barbaachisaa qopheesuun barbaachisadha akka balaan karaa antiraaksi kana nama hin gaagaa'amneef.

Antiraaksii walaanamuu ni dandaa'amaa?

Hundi dhibee Antiraaksiidhaan dhufan antiibaayootikisiidhaan (antibiotics) walaanaamuu ni danda'ama. Bayee barbaachiisadha dadaafiidhaan namoota miliikita dhibee kana qabaan walaanamuuni. Namooni dhibee kanaan qabaaman dadafiidhaan yoo walaanaman tari akka miliikitii dhukuuba/dhibee kana gara dhukuuba/dhibee hinjijiramine godhuun ni dandaa'ama ta'a.

Antiraaksiin (Anthrax) – Fuula 3

Antiraaks (anthrax) ittifaamuu ni dandaa'ama?

Karaa inni gaariin kan inni ta'u qabu namoota jarmii antiraakisittiin gaagaa'amni yeroodhaan yoo qoriicha antiibayootikissdhaan walaanamnidha.

Akkasumas kitiibaatiin antiraakis ni jira, inni kunis looltoota waraanaan dhimma itti baa'amera. Dhibee kana ofi irra ittisuuf kitiibaatoota (six shots) ja'a nama barbaachisa, waggaa'itti dhuuka bu'ani itti dabaluuhan. Haata'uu malee, qoriichi kuni akka barbaadanitti argaachuun bayisee hindaanda'amu burqaan isaa waan murta'aa ta'eef fi dokktoorota nama looltotoota waraana hinta'iinf argaamuu hindanda'u. Akkuma kitiibaati (vaccine) biroo Kitiibaatiin antiraaksi baloota (risks) itti hinyaadiin nama qunaman qaba. Karaa itti kitiibaati haga murta'aan kuni ittiin balaa kana ittiin walaanuun dandaa'amu yoomi, essatti akka argaamu hinbeekamu. Sabaaba kanaatiif Ummani hundi akka kitiibaatii kana fudhatu nigorfamu .

Antibaayootiksii antiraaksii qabachuun barbaachiisaa dha?

Lakki! Ati ofi keeti antibaayootikis (antibiotics) fudhachuun bayisee hamaadha. Atibayootikisiin nagaa namaa irratti rakkoolee guddaa fiduu mala – fakkeenyaaf dubartoota ulfaaf, ijoollee fi namoota antibayootikisitti aleergikii (allergies) ta'aniif. Yoo antibiotikisi waan barbaadamuu olitti fudhaatame “jarmii supeer bagsi” (super bugs) jedhamu horaa/dhala – Jarmii (bacteria) kana booddee antibayootikisi dhaan walaanamuu hindanda'amu.

Namoota nagumaa ummaata eegan (Public health agencies), Hospiitaaloota fi kiliiniikoota (clinics) biyya Minisoota (Minnesota) keessa jiran waa'ee dhibdoota kana dura beekama hinta'iin kana akka gaaritti damaqaani akka eegani ittii himaameera-waan akka gaagaa'ama'ma (anthrax attack). Yoo gaagaa'amni antiraakis mulaatan, Dameen Nagaa Eedu kan Minisoota (Minnesota

Department of Health) fi naanootti biya Minisoota itti kan agamaan fayuumaa eegdooti (local health departments) dafani itti boobb'uuf dhaaf qophaaniru. Isaanis dadaafiidhaan tarkaanfoota fudhaachuudhaan namoota namoota gaagaa'ani kuni quunaamee – akka isaani qoriicha antibayootikisoota fudhatan gochuudha.

Qoraanoon Antiraaksidhaan qabamuu kee sitti mul'isu hinjiru

Karaa qileensa gara sonbaa itti kan fudhatame antiraakis kan inni baramuu dandaa'amu jarmii antiraakis dhiiga keessattii ilaaluudhaan, yookans immoo hafuura jiidhaa kara qufaa sombaa keessa baa'anin hubaatamuu dandaa'ama. Dhibeen antiraakis gogaa qaamaa kara qoproonoo googaa qaamaa ti ykn googaa qaamaa ilaaluudha.

Antiraaksiif saaxilamuu kee qormaatini ittiin beekan hin jiru.

Antiraaksiidhaan waanan qabame yoo natti fakkaate, maali gochuun qaba?

Yoo dhibdee kana qaba jettee shakkite, naga eegdoota ykn warra seera biyyaa eegsisanii waliin mari'adhu. Yoo ati jarmii antiraaksi tiin gaagaamete taate karaa ittiin beekani sitti himan hinjiru. Haata'uu malee yoo ati jarmii antiraaksi kanaan gaagaa'amte jettee amaante-ykn kana irra adda kan ta'e waa'ee nagumaa ilaalchisee gaafii yoo qabaate – Dokktoorii naanoo ati jirattu/argamuutti haasa'ii. Yoo garuu si irra buufateera ta'e ykn si irra ciiseera ta'e (feeling depressed) ykn waa'ee shororikeesiitu gaagaa'ama antiraaksi jettee galgalaa fi ganama yaaddoo cimaan si qabateera yoo ta'e gara ogeessa fayyummaa mataa eeguu deemuudhaan haasofsiisuu dandeessa.